Qajeelchoota ITU

Akkaataa odeeffannoo, tajaajilloota fi oomishale dijitaalaa namoota hundaaf fayyaadaama ta'aan mirkaneessuu, namoota qaama miidhamoof dabalatee yeroo COVID-19 ttin. [i]

Adduunyaan haala muuxannoo kanan dura argiite hin beeknen ICT'n (Information and Communication Technologies) irra caalaan namoota waal quunnamsiisuuf carraa duwwaa ta'e jirra. Namummaan kanaan dura odeeffannoo sirrii argachuuf yookiin tajaajila barbaachisaa fi oomishaale jirrenyaaf barbaachisaa ta'an argachuudhaaf gonkumaa maxxantuuma digitaala haala kanaan argee hin beekuu. Kanaafuu, barbaachisummaan odeeffannoo fi qajeelfamoota argachuun namoota hundaaf yeroo dhibee COVID-19 kanaa irraatti baay'ee murteessa dha, saala, dandeettii, umurii yookiin iddoo keenya osoo hin murteessin.

Sababa kanaaf, odeeffannoo dijitaalaa COVID-19 irratti furtuu ta'an raabsamuu fi caasaale haala fayyadama ta'anin qophee'suun barbaachisa dha, namoota miidhamoo dabalate, namoota hunda akka qaqqabuu fi namni kamiyyu duubatti akka hin haafne mirkaneessuuf, keessattuu warra ilaalu yookiin dhaaga'uu kan hin dandenyeef, odeeffannoo dijitaalaa duubisuuf fi hubachuuf furmaata addaa kan akka dubbiisaa iskiriinii, goodayyaa yookiin afaan mallattoo kan barbadaniif. Ta'uu baannaan, namoonni miidhamoo hedduun sababa haanqina odeeffannoo tarkaanfi yeeroo dhibee kana irraatti tilmaama kessaa galchuu qabaan fi kabajuu qabaan dhabuun balaa faalaama guddaaf ni qunnammuu.[1]

Kanaafuu, haala waal quunnamtii hedduu kan akka websaayiti, bilbila, raadiyoo, viidiyoole, barrefamoota barraari, goodayyaa, chaatii fi kkf fayyadamuun barbaachisaa dha. odeeffanoo afaan dubataniin, dubbisudhaaf salphaa ta'an fi caasaa itti fayyaadamo ta'an dhiyessu irra dabalate. Argamuu fi hubannoo toora gargaarsa bilbila dhaabbataa odeeffanoo fayyaa ummataaf akka gahuu mirkaneessuuf kaayyoofaten (tajaajiloota namoota guuraan issaani gutumatti dhagaahu hin dandeenye fi kan xiqqoon kan dhagaahaniifis dabaalatee) baala tamsaasa fi dhiibbaa dhibee addunyaawa kana hir'iisuf barbaachisaa dha.

Namoonni midhamoo bayyen yeeroo mara fayyumaa issaaniif waantoota mana issaanitti geessamuu kan akka qoricha, oomishaale qulqullinna fi nyaata irraati hirkaa'u. Kanaafuu, dhiibbaa beeksisa cimaa fageenya hawaasumma fi cimdaa gargarsaa xixxiqoo dabalataan, yoo qanxabduu garagalchituu akkasumaas tajaajila fi omishaale fayyaa dhiyeessitoota akkasuumas

---

[1] **ITU baarnoota viidiyoo akkaataa itti qabiyyee fayyadaamo dijiitaala qopheesu**

ITU- D ofiin-hordofamo leenji barnoota fayyadamuuma ICT toora onlayiini kan kaffaalti irra biliisa ta'e, geessituu armaan gadiitti argama:

- *Fayyadamuuma ICT- waalqunaamti huunduma kan hammateef furtuu kan ta'e*
- ***Fayyadamuuma Saphaphuu – dhagaa caafama hawaasa dijiitaala hamaata***

dhaabbile furtuu biroo yoo odeeffanoo, tajaajiloota fi omishaale issaani toraa onlaayiniin hunduumaaf fayyaada akka ta'uu hin mirkaneessaan tanaan namoota midhaamo baay'een haanqina gahiinsa odeeffanoo barbaachisaa ta'e dhaabun, qoricha dhaabun akkasumaas omishaale fi tajaajilawaan issaanif dirqaama ta'an kan biroo dhabuun kan miidhaaman qoofa osoo hin ta'iin luubuun isaani balaa irraa ni ta'a.

Gahee guddaa ICT'n dhibee addunyawaa COVID-19 irraa qabu kennamen, qajeelcha armaan gadiin ergaale fi gochaale furtu ta'aan qabaate kan dhiyaate odeeffanoon, tajaajila fi omishaale dijitaala addunyawaan gahaan akka namoota midhaaman dabaalate manoota hundaaf fayyaadama ta'u mirkanneesuuf dha, akkasumaas balaa ulfaataa addunyawaa kanaan akka nama kamiyyu dubaatti hin haafnedha.

ERGAALE FI GOCHAALE FURTU

1. **Odeeffanoo, tajaajila fi ulaagaale dijitaala furtu faalaama COVID-19 hir'isuuf baarbachisaan akka caasaale fayyaadama ta'een dhihaataan mirkanneessi, odeeffanoo barbaachisaa kana namoota midhamaan dabalate namoota hundaaf akka qaqaabuu tassisuuf.**

Qabiyyee fi odeeffannoon waa'ee COVID-19 irratti caasaa fayyaadama ta'een dhiyaachuu qabuu namoota miidhaman dabalatee namoota hundaaf fudhaatama akka ta'aniif. Fakkenyaaf, beeksiisale televiziyoona ummaata, vidiyoole toora onlayiini akkasumaas dhageetti qoofa bu'uureffate kan darbuu namoota gurraan issaani dhagaahu hin daandenyeef fayyaadaamo ta'u hin danda'uu yoo wanta dubaatu bareefamaan iskiirini jaala yookiin afaan mallatoon yoo hikaame malee. Akkuma haala ariifachiisaa kan biroon, goosa miidiyaale kan aadaa (TV fi raadiyoo) addatti, addunyaan ICT'n namoota midhamoo waliin waal quunnamsisuuf haala addaa kan akkaanattif mala mijaawaa adda addaa of keessatti ni qaba: Bilbila sarara, dhageetti mobaayila, SMS/ergaa gabaabaa akkasumaas Tajaajilawwan fi qabeenya intarneetii bu'ureefatan kan akka websayiti, vidiyoo, appilikeshinoota ergaa battala, tajaajila sagalee internet protocol (IP), waalga'ii saphaphuu midiyaale hawaasaa kaneen qunnamtii battala kan hayyamanin fi kaneen qabiyyee dijitaala(suura, vidiyoo fi sanadiiwan) waliin geedaruu kan hayyaaman fi waal qunnamtii saatalayitti.

2. **Namonni huundi namoota midhaman dabalate odeeffanno fi tajajilaawan dijitaala argachu, hubbachu fi fayyaadamu akka danda'aan mirkanessudhaf, haaloota armaan gadii kun itti yaadamu qabu:**

    a. **Odeeffannoo ummataa** caasaawwan dhaageettin fi mul'ataan karaa iskiirini elektirooniksiitiin iddoowaan ummaata kan akka buufata baabura, suuqii qeenxaba, parkii fi bakkewaan ummaata biiraatti namoota meeshale ICT kan ofii issaani hin qabneef qaaqabuun ni danda'a. Yeroo danda'ame, barreeffama irraa dabalatan saxaatoo fi suuraalen agarsiifamu qabu. Sagaale akeekkachisaa fi/yookiin saayranii yeeroo haala arifachiisaaf fayyaadaaman ifaawaan balaqeessuun geggeeffamu

qaabu uumaama fi sadarkaa guufuu kana agaarsisuuf. Odeeffannoo fi beeksisni sirna teessoo uummataan dhihaatan ammalle filannoo karaa dijitaalaa mul'ataatiin dhiihaachu qabu.[2][3][4]

b. **Raadiyoon** walitti dhiheenyan yookaan kallaqa addaan namoota gurraan issani gutuumatti hin dhageenyef fi haama xiqqoon dhagahaniif akka fayyaduu tasiisun ni danda'ama. Fakkenyaaf, namoota dhagahuu hin dandenyeef fi haala xiqqoon dhagahuu kan dandaa'anif faalaama hir'iisuuf daangaawaan fi/yookiin qajeelchoota wa'ee COVID-19 mottumaa dhaan kan ka'aman issaan dammaqiinsu, meeshalee tamsaasa gaara vaaybireeshinii, ifaawaan balaqeessaa akkasumaas ergaale gababa salphootti jijiraan. Radiiyoo toora onlayiini kalatiin yookaan kan biroon qabiyyee issaa haala bareefaman dabalatee qabachu qaba.[5]

c. **Televiziyoona:** ibsaa/bareefama iskiriini jaala afaan naannoon dhihaachu qaaba, yaada dhageeffama COVID-19 waaliin qabaate namoota dhagahuu irraatti rakko qabataniif fi afaan dhagaahuf kan rakkataanif ibsuudhaf. Dabalataan, hiikaa afaan mallattoon fayyaadamamu qaaba yeroo odeeffannoo televiziyoona waa'ee haala dhibee dhiyaattu.[6]

d. **SMS:** Yoo odeeffannoon akka SMS qofa ergamu ta'e, namoonni galcha muul'ata malee (non-visual inputs) kan barbaadan fi meshaale kanneen bareefama gaara caasaa birootti kan akka sagaaletti jijiraan argachuu kan hin dandeenye ni hambifaamu. Kanaafuu, akeekachiisale fi ergaale dammaqiinsa tarkaanfile COVID-19 waaliin fi dhibee waal qabaatan sararoota tamsasa adda addaan caasaale baayeen bahuu ni qabuu. Suuraleen hunduumtu ergaa waaliin waal qabaatan ibsa dabalataa qabaachu qabu.

e. **WhatsApp'n** huundu kan fayyadamu danda'udha akkasumaas kan ol dubaachuun (Talkback and Voice Over) hojjaatudha. Bilbiloota haara irraatti Siri'n ergaale WhatsApp dubisuu ni daandessi akkasumaas ergaalen Siri jaala akka darbaan

---

[2] *Dipaartimantii geejjiba fi geejjiba iskootilandi. Istaandardii dizaayinii fayyaadamuma dhaabbataa baaburaa - koodii shaakala waliitti makamoo, fuula 109, K7. Mallattoowwan - agarsiisa iskiirini

[3] Boordii fayyadamuma US. 702 sirna alarmi yeroo muddamaa

[4] * Dipaartimantii geejjiba fi geejjiba iskootilandi. Istaandardii dizaayinii fayyaadamuma dhaabbataa baaburaa - koodii shaakala waliitti makamoo, fuula 115, L1. Beeksisaale - waliigalaa.

[5] Caffee biyyaalessaa namoota midhaama " yaada bu'aa qabeessa namoota madhaamanif: dursa, yeroo, fi erga Arifachiisoota". Fuula 45: furmaata fayyadamuuma; fuula 104: Gabaatee 9. Haaloota ergaa arrifaachisaa fuudhu yookiin miirkannessu; fuula 148 : Shaakala ariifachiisaa: raadiyoo barreeffame

[6] Caffee biyyaalessaa namoota midhaama midhaama " yaada bu'aa qabeessa namoota madhaamanif: dursa, yeroo, fi erga Arifachiisoota". Fuula 45: furmaata fayyadamuuma; fuula 104: Gabaatee 9. Haaloota ergaa arrifaachisaa fuudhu yookiin miirkannessu;

goochuun ni daanda'ama. Yeeroo WhatsApp fayyaadamtu emoji'le fayyadamu dhiissi.

f. **E-mail:** Beeksiisni imeelii waa'ee COVID-19 afaanoota baay'eetiin qophaa'uu qaba. Sooftiweeriin akka qajeelcha fayyaadamuma nama hundaan dizaayini ta'u qaaba, akka meeshale gara gara hunduumtuu irraatti hoojjatu akkasumaas teeknoloojii fayyadaamtoota gargaaruf. Sirnaleen ergaa dammaqinsoota desktopii tokko tokko erga bareefama fi sagaale "beep" dabaalatan ergaale ol baahan caasaa gara garan akka mul'atan mirkannessu ni daanda'u.
Fayyaadamuman saxaatoo ergaa dammaqinsaa COVID-19 wajjiin waal qabatee namoota bareeffama hubachuuf rakkoo qabaaniif gargaarsa kennuu ni maala. Suuraaleen huundi ibsa dabalata qabaachu qabu.[7]

g. **Neetworkii hawaasaa:** midiiyaaleen hawaasaa fooyya'oo kan ta'an baayee beekamoon haala guddaacha dhufeen fayyaadama ta'a jirru. Sana jechuun Facebook, Instagram, Twitter, YouTube namoota hundaa fayyaadama ni tassisaa. Ejansiiwwan fayyaa fi odeeffanoo maxxaansa waa'ee COVID-19 fi qajeelfamoota dhibee barbaachisa ta'an waltajjiwaan saneen irraatti maxxaansan waa'ee qabiyyee dijitaala namoota hundaaf fayyadamo tasiisu bekuu qaabu, akka ergaaleen namoota hundaaf fayyadamo ta'aan mirkaneessuf.[8]

h. **Websayiitawwan** odeeffaano COVID-19 fi kanneen waal qabaatan faalaama addunyaawa/nannaawa yookiin biyyaalessa hiir'isuuf kan dhiheesaan, akka namoota midhaaman odeeffanoole barbaachisaa ta'aan websayiitii irraati qooddamaan yoomu fayyaadaman danqaa akka hin qunamnee mirkaneessuuf, jaalqaba hundaaf fayyadamoo akka ta'aan yaalamu qaabu. Dokumantoota dijiitaala waal qabatan (word, PDF) websayitichaan dhihaatan huundinu fayyaadamo/kan hin fayyadne ta'u daanda'u, namoota duubiisa iskiiriini fayyadamaniif, yoo caasaale dubbiisa sagaaleef kan hin taane tanaan, kan akka fayiiloota JPEG yookaan PDF suuraa-bu'urreefate (fkn suuraa "scan" godhame). [9]
Gama biraatiin, fakkiiwwan fi giraafiksiin qabiyyee namoota midhaa uumamaa qabaniif yookaan namootta afaan garagara dubataaniif agaarsisuuf baayee gaarri dha: haa ta'u maale, Odeeffanoo barreefama irraatti dabalamu qaaba, namoota ijaan isaani illaaluf rakkataniif akka softiweriin iskiirini dubbisee gara sagaale yookaan biireelitti jijjiiruu akka taasisuu mirkannesuuf. Geessiitun gara websaayiti

[7] Microsoft: imeelii "outlook" kee namoota miidhamoottif fayyadaamo taasiisi.
[8] Tajaajila dijitaalaa mootummaa UK. Pilaaybookii (playbook) midiiya hawaasa - Fayyaadammuma

[9] Standaardi fayyaadamuuma qabiyyee saphaaphuu WCAG 2.1 ta'un mirkannesuu

biraan ibsaa qabachuu qaabu. Maalimaan websayiiti kammiyuu namoota "mouse" hin fayyadamneef "keyboard" dhaan akka fayyaadamaan tasiisu qaabu.[10]

Qabeenya ITU dabalataaf fi odeffanno dijitaala namoota fedhi adda qaban deggarudhaf maloo kana ilaala: fayyadaama ICT namoota fedhi adda qabaaniif fi ITU-D Dijitaala hunda kan hammate.

---

[i] ***Qajeelchoota kuuneen Kan nama hin dadhabsiisne dha.***
Waakkii hiikaa: *hiikaa sirrii ta'e qajeelfama gabaaba ITU "Akkaataa odeeffannoo, tajaajilloota fi oomishale dijitaalaa namoota hundaaf fayyadaama ta'aan mirkaneessuu, namoota qaama miidhamoof dabalatee yeroo COVID-19 ttin" irraatti gara afaan biirootti godhuuf carraaqi guddaa tasiifame jira, kaneen orijiinaala biroo afaan UN 6'n kan argamaan anne: English , Arabic , Chinese , French , Russian, Spanish , waan afaan tekiniikaala addaa baarefama kessa qabuuf garagaruuma xixxoo fiduu ni daanda'a. Dogoggora, haanqiina,amanammuma sirri ta'u bareefamiicha irraatti yookaan amanamuuma odeeffanoo hiikaa irraa kamiiyyuuf itti gaafatamummaan hin fudhaanu. Dhimma addaata irraatti, orijiinaala Engiliifaan ni caalaa.*

---

[10] W3C leenjii kaka'umsa fayyadamuuma saphaaphuu.

Qabeenya ITU kan hin taane: *Odeeffanoon websaayiitii kana irraatti argaamu kammiyuu amantii gaariin dhiihaate, haa ta'u maalee nuu bakka hin buu'uu, beeksisnii yookiin warraantin kammiyuu, waa'ee sirri ta'u issaa, quubsaa ta'u issaa, gatii qabaachuu issaa, amanamuma issaa, odeeffaanoon websayiitoota allaa biroon kennaame gutuuman argaamun issaa waal qaabate***.**